

Dhugaa waa'ee Minnesota Department of Health

# Wal'aansa dhukkuba sombaa dhokataa-f godhamu

Fayyaa kee toohatuu dhaaf qoratni geggeeffame, dhukkuba sombaa dhokataa yookaan "LTB1" kan jedhamu qabaatuu kee mul'isa. Kana jechuunis, jarmiiwwan dhukkuba sombaa (TB) nama qabsiisan hammi tokko qaama kee naannoo bay'ee, fakkeennaaf sombaa, lafeelee fi kaleewwan keessa faca'aniiru jechuu dha.

Jarmiiwwan TB kun amma-tti si miidhaa hin jiran. Qaamuma kee keessa riphanii "rafan". Garuu, ima lubbuu qaban. Haga nafni kee jabaatee ifirraa ittisuu dandayetti, jarmiiwwan TB kun yeroo dhaaf riphanii-tuma turan. Dhukkubni "LTB1" jedhamu kun sirraa nama biraa-tti hin dabru.

Qaamni kee yoo hujji jarmiiwwan TB ifirraa ittisuu dhaa dhaabe, jarmiiwwan riphanii "ciisaa" turan sun "dammaqanii" wal-horuu jalqaban. **Rakkinni kun, nama LTB1 qabu kam irraayyuu yoomuu gahuu dandaha.** Jarmiiwwan kun guddatanii wayta nafa keessa faca'an, dhukkuba sombaa hamaa ifatti mul'atu-tti jijiirman jechuu dha. Namootni dhukkuba sadarkaa kanaa tiin qabaman akka hamatti dhukkubsatuu dhaan, dhukkuba sombaa tis namoota biraatti dabarsuu dandaya.

## Dhukkuba sombaa akkamitti ofirraa ittisuu dandaya?


Dhukkubni sombaa akka sin qabne, dawaalee ifirraa itiftuun-tu jira. Nama dhukkubni sombaa dhokataan (LTB1) qabe dawaa ittiin wal'aanan keessaa akkaan beekamaan Isoniazid (INH) jedhama. Qorichi INH, jarmiiwwan qaama kee keessa "rafan" kanneen TB osoo hiree si dhukkubsuu hin argatin **dursee** isaan ajjeesa. Jarmiiwwan TB humna jabaa waan qabaniif jecha, dawaan kun isaan ajjeesee fixuu dhaaf baatiwwan heddu irraa fudhata.

Qorichi INH akka gaaritti kan hojjattuu dandawu, haga doktorri kee si gayee dhaabi jedhu-tti yoo guyyaa guyya-tti fudhatte qofa. INH sii keenname garaa duwwatti (nyaata dura) fudhatta (liqimsita).

Haga INH fudhattee fixxu-tti, wal'aansi kun akka gaaritti hojjataa jiraatuu isaa hubachuu dhaaf, ji'a ji'a-tti wayta takka warra wal'aansa san sii keencaa jiru bira dhaquun dirqama sitti taha.

## Erga dhukkubbii hin qabaatiin maaliif dawaa fudhatuun narru jira?

Dawaan INH jedhamu osoo jarmiiwwan TB "hirriibaa dammaqanii" dhukkuba sombaa sin qabsiifne duratti, isaan **dursee** qaama kee keessatti isaan ajjeesa. Jaarmiiwwan TB, wayta "rafaa" jiran fixuun mara caalaa laafa tahuu isaa-tis hubatuun barbaachisaa dha.



### Dawaa LTB1 irraa maal maal beekuu na barbaachisa?

Qoricha INH jedhamu, namootni heddu rakkoo wahii malee guyyaa guyya-tti liqimsaa jiran. Haatahu malee, **mallattoowwan ija hubannaa tiin eeguun sirra jiru:**

- Laydaan (oow'inni qaamaa) guyyaa sadihii ol yoo sirra ture
- Fedhii nyaataa yoo dhabde; ulfinni qaama keetii yoo si irdhate yookaanis sababaa tokko malee dadhabbiin yoo kan sitti dhagahe
- Lollooccii yookaan haqqee yoo qabaatte: Namootni tokko akkuma kiniina INH liqimsuu **eegalanitti**, lollooccii laafaa himatan. Yoo kun si mudate, nyaataa haga **dijqaa** wajjiin kiniina san fudhatuu yaeli yookaan ammoo wayta rafuuf deemu liqimsi. **Yoo guyyaalee sadih keessatti lolloocciin sun si dhiisuu dide, daddafii mana-wal'aansaa kee waamii itti himi.**

Akkasumas:

- Garaan yoo si dhukkube
  - Fincaan kee yoo gurrachawe (bifa shaayii yookaan bifaa bunaa yoo qabaate)
  - Nafni yookaan ijji yoo boora si taate
  - Qaamni yoo shifii qabaate ykn si hooqsise
  - Harki ykn miilli kee yoo si hadoode yokaanis si nyanyaate
  - Yoo qufaatiin torbaan sadih caalaa sirra ture
  - Yoo halkan kan dayfitu tahe
- Rakkoolee armaa olli tarreeffan kana keessaa kan si mudate yoo jiraate, yoosuma mana wal'aansaa kee waamii itti himi - beellama duraan na qabamee eega jettee hin dhibaawin.

### Qabxiwwan biraan barbaachisoon:

- Yeroo INH-n wal'aanamaa jirtu **dhugaatii alkoolaa** dhuguun, tiruu kee miidhuu dandaya. Haga wal'aansa LTB1 hobbaantu-tti bira, weeynii yookaan dhugaatii alkoola hin dhugin.
- Yoo dawaa biraan fudhataa jiraattee yookaan ammoo yoo ulfa taates doktora keeti-tti himuu hin dagatin.



# Wal'aansa dhukkuba sombaa dhokataa-f godhamu - fuula 2

## Yoo dawaa hin fudhatin maal taya?

Kiniina INH yoo hin fudhatin yookaanis jalqabdee osoo hin fixin yoo liqimsuu dhaabde, dhukkuba sombaa tiin qabamuun kee ni mala. Kun, haala **nama** LTBI qabu mara irra **yoomuu** gahuu dandawu. Sii fii warra keetis haga balaan kun mudatu hin eegin!

## Tallaala BCG dur nama fudhate yoo tahe hoo amma maal gochuun qaba?

Biyyoota dhukkubni sombaa keessatti heedduummaatutti, ummatni baay'een tallaala BCG jedhamu fudhatuun beekamaa dha. BCG-n akka ijoolleen dhukkuba sombaa tiin hin qabamne kan irraa ittisu tahus, humni isaa waggoota haga tokko qofaa-f tura.

Namootni tallaala BCG fudhatanis dhukkuba sombaa tiin qabauun ni mala! Kanaafuu, BCG nama fudhate taatus, dawaa LTBI-f keennamu liqimsuu dhaan daran ifirraa ittisuu dandeetta.

## Maallaqa dawaa san itti bitadhu yoo hin qabaa-tin hoo?

Qoricha dhukkuba TB, Waajjira Tajaajila Fayyaa kan Minnesota irraa akkaataa horii malee bilaashaan itti argattu doktora yookaan narsii kee gaafadhu.

## Yoo naannoo biraa-tti kan godaanu tahe hoo?

Yoo kutaa yookaan magaalaa biraa-tti ka godaantu taate, deemuu kee dura-tti warra tajaajila fayyaa sii kenu beeysisi. Bakka itti godaante-tti akka qoricha dhukkuba sombaa san itti argattu isaan-tu si gargaara.

**Ofii kee tiif maatii kee akkasumas waaheloota kee dhukkuba sombaa irraa eeguu dhaaf - dawaa dhukkuba kanaaf sii kenname mara fudhadhuu fixi!**

## Dawaa dhukkuba TB-tiif naa kenname akkamitti yoo mara yaadadhee liqimsuu dandaha?

**Kiniina INH guyyuu fudhatuun barbaachisaa dha.** Guyyaalee heddu osoo hin fudhatin yoo hafte, dawichi hin hojjatu. Kanaafuu, haga doktorri si gayee dhiisi siin jedhu-tti fudhatuu hin dhaabin.

Akkaataan itti yaadatuu dandeettu tokko tokko :

- Kiniina san bakka guyyuu arguu dandeeysu (fullee) kaayi.
- Warri yookaan waaheloonni kee akka guyyuu si yaadachiisan gaafadhu.
- Guyyuu wayta dawicha fudhattu dhahata baraa (kalandara) irratti barreeffadhu.
- Sanduuqa dawaa san itti yaadattu tolfadhu.
- Guyyuu dawaa san yeroo itti liqimsitu murteeffadhuu if-barsiisi (aadeffadhu). Fakkeenyaaf, erga ilkaan rigattee yookaan faxara (ciree) nyaattee booda, yookaan rafuuf deemuu kee duratti liqimsi.

Kiniina san, guyyaan osoo hin fudhatin oolte yoo ka jiraatu tahe, barreessii, gaafa doktora yookaan narsii kee qunnamtu itti himi.

## Maqaa kiliinika/doktora/narsii keetii:

---



---



---

## Lakkoofsi bilbilaa : \_\_\_\_\_



Tuberculosis Prevention and Control Program  
P.O. Box 64975  
St. Paul, MN 55164-0975  
651-201-5414  
1-877-676-5414  
[www.health.state.mn.us/tb](http://www.health.state.mn.us/tb)